# Lammummaa fi mirga seeraa hojii hojjechuuf

Employment Security Department
WASHINGTON STATE

Akka ulaagaa seera qabeessummaa faayidaalee inshuraansii hojii-dhabdummaatti, dambiilen federaalaa tokkoon tokkoon iyyataa akka bu'uura adabbii ragaa sobaa kennuutti, inni yookin isheen lammii yookin nama Ameerikaa (United States, U.S.) ta'uu ibsuu qabu. Namni lammii yookin nama U.S. hin taane tokko, inni yookin isheen U.S. keessatti hojjechuuf eeyyama qabaachuu mirkaneessuf, sanada galmee lammummaa biyya alaa dhiheessuu qaba.

Qajeelchi Wabii Qacarrii (Employment Security Department, ESD) karaa Maltee Mirkaneessa Mirgoota Lammiilee Biyya Alaa (Systematic Alien Verification for Entitlement, SAVE) fuula marsaaritee haala baqatummaa nama dhuunfaa mirkaneessa. Sagantaan SAVE Tajaajiloota Lammummaa fi Baqattoota Ameerikaa (U.S. Citizenship and Immigration Services, USCIS) dhan hoogganama.

**Yoon ani lammii U.S. hin taane, faayidaalee hoji-dhabdummaatif iyyachuun danda'aa?**

Eeyyee, lammiilee ykn dhalataa United States kan hin taane faayidaalee hoji-dhabdummaatif iyyachuu danda'u. Qajeelchichi haala baqatummaa kee akka mirkaneessuf sanada galmee lammii biyya alaa kee dhiheessuu qabda. Sanadni kuni yeroo baay'ee yeroo iyyata galfatan dhihaata. Yoo ati odeeffannoo kana yeroo adeemsa iyyataa dhiheessuu hin dandeenye, sanadicha booda akka dhiheessitu ni gaafatamta.

**Yeroo adeemsa iyyataa maalan gaafatama?**

Yoo ati lammii U.S yookin Nama Ameerikaa akka hin taane mirkaneessite, kan gaafatamtu:

- Ji'oota 24 darban keessatti United States keessatti hojjechuuf mirgi sii kennamee? Akkasumas,
- Sanadni baqatummaa baay'ee waqtaawaan ati qabdu maali?
    - Eeyyama Deebi'anii Seenuu I-327 (I-327 Reentry Permit)
    - Kaardii Jiraataa Dhaabbataa I-551 (I-551 Permanent Resident Card)
    - Sanada Imala Baqataa I-571 (I-571 Refugee Travel Document)
    - Kaardii Eeyyama Qacarrii I-766 (I-766 Employment Authorization Card)
    - Galmee Iddoo Gahumsa/Ka'umsa I-94 (I-94 Arrival/Departure Record)
    - Galmee Iddoo Gahumsaa/Ka'umsaa I-94 Paaspoortii Biyya Alaa Dhuma Yeroo hin Qabne keessaa
    - Viisaa Baqataa

    - Chaappaa Yeroo Gabaabaa (Temporary I-551 Stamp) (paaspoortii irratti yookin I-94)

**Ani Galmee Dhufiinsaa/Deeminsaa I-94 Paaspoortii Biyya Alaa Dhuma Yeroo hin Qabne keessaan qaba. Seenuf maalan gaafatama?**

Yoo Galmee Gahumsaa/Ka'umsaa I-94 Paaspoortii Biyya Alaa Dhuma Yeroo hin Qabne keessaa qabaatte, kan armaan gadii akka galchitu gaafatamta:

- Lakkoofsa Paaspoortii kee,
- Lakkoofsa I-94 kee, akkasumas
- Guyyaa dhuma tajaajila isaa.

**Ani Galmee Iddoo Gahumsaa/Ka'umsaa I-94 paaspoortii biyya alaa dhuma yeroo hin qabne keessaan qaba garuu guyyaa dhuma tajaajilaa hin qabu. Maalan galchuu qaba?**

Yoo ati Galmee Iddoo Gahumsaa/Ka'umsaa I-94 Paaspoortii Dhuma Guyyaa hin Qabne keesaa sanada baqatummaa qabaatte, garuu sababa yeroon galmee kee Qajeelcha Nageenyummaa Biyyaa Keessatin (Department of Homeland Security) akka yeroo turtii (Duration of Stay, D/S)'tti chaappa'eef yoo guyyaa dhuma tajaajilaa hin qabaanne, guyyaa dhuma tajaajilaa irra, guyyaa I-94 itti uumame yookin guyyaa seensaa dhiheessuu dandeessa.

Yoo ati amma illee paaspoortii seera qabeessa qabaatte**,** guyyaa dhumaa paaspoortii kee irraa galchuu dandeessa.

Qajeelfamni kuni Qajeelcha Nageenyummaa Biyyaa Keessatin kenname.

**Yoon ani I-94 hin qabaanne maalan gochuu qaba?**

Yoo ati garagalcha I-94 kee hin qabaanne, garagalcha elektiroonikaa fudhachuuf asitti Department of Homeland Security daawwachuu dandeessa.

Yoo ati garagalcha elektiroonikaa I-94 kee argachuu hin dandeenye, asitti garagalcha gaafachuu dandeessa.

**Ani hojjetaa hin galmoofne. Faayidaalef ulaagaa nan guutaa?**

Akkaataa Seera Degaarsa Korona Vayirasi, Degarsa Waligala fi Esgumsa Dinagdee (Coronavirus Aid, Relief, and Economic Security, CARES) federaalatti, faayidaalee hoji-dhabdummaatif fi faayidaalee hoji-dhabdummaa yeroo dheeratif ulaagaa guutuf U.S. keessatti hojjechuuf

eeyyama qabaachuu qabda. Haa ta'u malee, yeroo sagantaa Boqonnaa Maatii Kaffaltii Wajjiinitiif fi Yaalaaf seera qabeessummaa (Paid Family and Medical Leave) ilaallu, haala baqatummaa yaada keessa hin galchinu. Kanaaf, yoo ati garmalee dhukkubsatte yookin nama garmalee dhukkubsate kunuunsaa jiraatte, sagantaan kuni gargaaruu danda'uu mala. Dabalata paidleave.wa.gov yookin tometiempo.org irratti baradhu.

### Akkaataa seerota kaffaltii hawaasatti, faayidaalee Boqonnaa Maatii Kaffaltii Wajjiinii/Yaalaa fudhachuun dandeettii kaardii magariisaf yookin lammummaadhaf iyyachuu koo ni miidhaa?

Lakkii. Inshuraansin Hoji-dhabdummaa fi Boqonnaa Maatii Kaffaltii Wajjinii fi Yaalaa murtee kaffaltii hawaasaa keessatti hin dabalaman.

Kutaan Nageenya Qaxarrii sagantaa/mindeessaa carraa wal qixaati. Deeggarsi gargaarsaa fi tajaajiliiwwan gaaffirratti namoota miidhaa qabaniif ni jira. Namoota dandeettii Afaan Inglizii muraasa qabaniif tajaajilli afaanii bilisaan ni argama. Tajaajila Dadabarsa Washington: 711